# 42. MULACHAA FI OLDEEMISA YESOO

## Luka 24:36-53, Matayo 28:16-20

Oboleeyan lama ta dira Emmau, akka Yesoni wolwoldeete gulyaatota Yesoti himte, ato worri waan kana hasau, Yesoni jiddu worraa ejate waan jed'eeni, “Nageenni isanii haa tau” worri guddo sodate nahe, waan ekhera argani sehani. Ammo inni waan worraani jed'e, “Maafi naatani? Maafi garaa keesani keesati birefattani? Harkafi miila kiyya ilaala, aka nami naa. Naa qabad'a ilaala, imbeetani ekheraani aka kiyya kana nafafi lafele inqabdu.” Akasi jennaani harkafi miila agarsiise. Duuba mamani gammadani akanaani d'ugefachu dad'abani, tanaafi inni waan jed'eeni, “waan nyaatani arma qabdu.” Qurt'umi diqo ta wodani iti kennani, inni fuud'e worra durati nyaate.

Duuba inni waan worraani jed'e, “Tunini dubbi tiyya ta anini isaniini jed'e, ato isani woliini jiru; wonti ti kiyya ta kitaaba Seera Musatifi ka raagootatiifi ka Faaru keesati t'aafani ch'ufti guutamu malte.” Jennaani inni qalbi worraa bane, aka waan t'aafani hubatani, waan jed'eeni, “wonti t'aafani, tana; Kristoni gaargale guyya sadeeso kau male, aka haga Yerusalemu iti keyatani iraa deebitifi araarama daba maqa isatiini gosa ch'ufati odeesu malani. Isaniti d'uga waan kanati. Ilaala, waan Abbaani kiyya isaniti kakhate anati isanii erga, ammo dira keesati eega, haga jabeenni gubba isanii gad'ufuti.”

Jennaani haga Bethania worra geese, harka olfud'ate eebiseefi. Isa arginaani guddisani, ato nami gari d'arefatele. Yesoni worrati d'iaate waan jed'eeni: “Jabeenna ch'ufa, ka lafafi gubbale, ya nati kennani. Tanaafi fulla ch'ufa yaa, gosa ch'ufa nama kiyya tolcha: maqa Abbaatiifi ka ilmaatiifi ka Lubbu Qulqullotini aada batiso namaa kenna, waan anini isani barsiise ch'ufa guuta worraani jed'a. Beekha, haga guyya muummele anini isani woliini jira.” Worri isa guddise, Yerusalemuti gammadaani dachaani, hojja ch'ufa Mana Waaqa keesati Waaqa faarsani.

**<u>QAJEELUMSA BARNOOTA</u>**

**<u>HIMAANSA JALQABA</u> : Gaafi ato oduu hinoodeesinu nam gaafatani tana gumii gaafadhu yokhaani akka namu lam lamaani irra wolgaafatu tolchi.**

○ Wonti kunini jara Yesoti akkam fakkaati?

**<u>ODUU : Oduu tana irdedeebii himi akka akka gumii waliiin baratan.</u>**

**<u>HAASA EEGI ODUU HIMANI: Gaafi tanaati haasa suni qajeelcha: -</u>**

**<u>Oduu tan keesati waan Waaqa maan baranna? Kara kamiini akka Yeson Waaqa argina?</u>**

- **Oduun tunini kara kamiini akka Waaqi jabeenna ch’ufa qabu nu garsiifti?**

- Yeson mana ch'ufana qabu keesati worraati mullate.
- Isa d'ugumaan ammalle foonin layyu duisa keesa kaasani ammalle mullisani.
- Inni onne worra ta gaargalte naga kenne.
- Yeson onne jara isa injijiire. Worri hojja lammeessoo, kha onne hinch'abin gammadaan isa bira deemani.
- Inni akka jabeenna gubbaa gadi worraa kennu kakhateefi, akka worri isa d'ugeesu dandau.

- **Oduun tunini kara kamiini akka Waaqi waan ch'ufa beekhu nu garsiifti?**
  - Inni shakki worratifi kara worraa mirkaneessulle imbeekhe.
  - Inni akka worra bira deemufi waan yo inni deemu tahaalle ch'ufa imbeekhe, akka Hafuuri d'ufe worra jabeesulle imbeekhe.
  - Inni Dubbi Waaqa guutuma guututi hubate, diidesse waan tahe himulle imbeekhe.

- **Oduun tunini kara kamiini qulqullooma Waaqa nu garsiifti?**
  - Waaqi ch'ubbu injibba. Karaan tokkochii ch'ubbuun araarama argatuuni kara Yesoni akka sorio jireenna ufi nuu baase ch'allaa. Yeson waan kana ch'ufa jara isaati hime.

- **Oduun tunini kara kamiini tola eebba Waaqa nu garsiifti?**
  - Yeson jireenna isa marro ch'ubbu teenatiifi baase.
  - Inni jara isa, worra daafana, lalaafa, kha shakkaan guutameti mullate. Inni shakkaa worrallee inobseefi. Nagaa worraa kennee.
  - Yeson obsaan worraan wolhaasae ammalle waan tahefi kha ganaa tahalle ch'ufa worraati hime.
  - Inni ato gubbaati hindeebiini jara isa eebise ammalle akka worra jabeesse kara oduu baafamaatin worra kees bahe nama d'ibi eebisu, kakhateefi.

- **Oduun tunini kara kamiini amanammumma Waaqa nu garsiifti?**
  - Yesoni akkuma kakhate duisa keessa kae.
  - Inni akka dubbiin Musaatifi, ta Faaruti fi, ammalle ta Raagolee kara isaatin guutamte hime. Tunini akka Waaqi yaada isa kha baafama keesati amanama tahe garsiifti.
  - Inni yaada Waaqa kha kara maati Abrahamuutifi jara isaatini gosa ch'ufa eebisu, kara isaatin guute.

**Waan ilme NAMA irra maan baranna?**

- Nami ch'ubbicha. Wonti Kristoon nuu dueefi tana.
- Jari Yesolleen, kha akka dansa Yeso beekhe, worra laafinna fi shakkaa qabu. Wori ufi baasu hindandeenne yokhaan ufi qarqaaru hindandeenne ammo akka Yesoni gara worra jabeesu fed'ani.
- Eegi Yesoni mullate ammalle d'ugeefacha worra jabeesse, jari isa gammade Waaqaa galateefate, hujjii qophaae.

**Oduun tunini akka nami Waaqan wold'aqu maan nuti himti?**

- Kara duisatiifi duisa keesa kaiisa Kristoo ch'allaani baafami taha, laakuma nami araara gale akanaani araara argatu kara Yesoti d'ugeefatuun.
- Waaqi jara Yeso akka worri isa d'ugeesufi erge akka worri gosa ch'ufa araara galche ammalle araaram ch'ubbuu iti lallabu, akka kara batisootini gulyaatota isa mid'aasse ammalle ajaja isa worra barsiisu.

## <u>"GULYAATOTA TOLCHUU" JECHUUN MAAN JECHUU?</u>

- **Waan Yeson jed'e laali:** "Tanaafi deemaa gosa ch'ufa gulyaatota tiyya tolchaa, maqa Abbaatif, kha Ilmaatif kha Hafuur Qulqullotin batiso kennaafi, akka worri waan anin isan ajaje ch'ufa guutu barsiisa." Akka jecha kanaatti, gulyaatota tolchuun maan ukeessa qabdi?

- **Batisu**- Akkan jechuun maan jechuu? Akkan jechuun hujjii nami batifamu ch'allaa?
- Hiyyo, akkan jechuuni oduu wengela hasau jechu, gara araara galiisa nama qajeelchu jechu, akka nami gumii duraati kara batisotin kha Yeso tau worra himatani tolchu jechu.
- **Barsiisu-** (D'ugeefatoota waliin barachu)- Barnooti d'ugeefatoota kunini maan ufkeessa qaba?
- **Barnoota:** Barnooti kunini maan ammalle nu kara kamiin dandeenne nama gulyaatu Yeso tolchinaa, waan jed'a waliin laalla. Barnooti d'ugeefatoota kuniini waan kana:
  - Barnooti d'ugeefatoota kunini akka ***<u>beekha</u>*** d'ugeefatoota **<u>Dubbi Waaqatii</u>** fi wold'aqiisa **<u>qorqorti ufkeessa qabuu kha Hafuuri Qulqulloon</u>** jabeesu, kha durumaat deemani **araara galiisa fi d'ugeefacha Wengela** keesati idda baasan akka akanaani gulyaatoti Kristoo ya d'ugeefatamte heddattu.
  - **Yo nu hiika kana laallu, wonti jabduun barnooti d'ugeefatoota kunini ufkeessa qabu maan fa?**
    - Waan beekha tolchan- Hujii d'ugeefatooti ch'ich'imtuuni iti yaadate tolchitu akka d'ugeefatoota didiqoon qarqaaran.
    - Waan Kitaaba iraati hundaati- Waanti isiin ufkeessa qabdu, dubbi Waaqa keessa baate, ammallee Dubbi Waaqati daandi isii ch'ufa qajeelcha.

        - Waan qorqortii ufkeessa qabaati- Wold'aqiisa qorqortiiti jiddu barsiiftotaafi baratoota jiddu jira.
        - Waan wold'aqiisa qabaati- Wold'aqiisa qajeela, ammalle jajabaati jiddu barsiiftotaatifi baratoota jiraachu male. Wold'aqiisi kunini yo nami diqaan wolti d'ufu irra jabaata.
        - Waan Hafuuri Waaqa jabeesu- Barsiiftotaafi baratotilleen kara kad'achaatin Hafuura QulqulLutui hirkatti akka inni imaltu sun keessati worra qajeelche ammalle jabeessu.
        - Waan Wengelaan geegefamu- Jireenna ufqoran kha Hafuuri Waaqa qajeelchu, ammalle jireenni araara galani huji fanno Kristooti d'ugeefatan dandae gulyaatu ufdiqeesitu ta gammadaafi jaalalaan Dubbi Waaqatii ajajamtu uumu dandaa.

    - **Hujiin waan kan ch'ufa maani?**
        - Akka gulyaatota Kristo ch'imtu guddisan, ta d'ugeefatamte, ta ufdiqeesitu, ta jaalal qabdu, ta jireenna araara galiisa jiraatu ta ammalle Odu Dansaati d'ugeefatu, ta jaalala Kristoo ta inni worra bade fi lafa jaalatu qaban.

- **Waan barnoota d'ugeefatoota kana akka Yeson duraan tolche irra baranna, oduu waan Kristo Yeso ta nu duraan barachuuti jirru, keessa laalla.**
    - Oduu tami keessati akka **Yeson beekha yaada isa guutufi gulyaatota isa barsiise** argina?
    - Oduu tami keessati akka **Yeson akka Dubbi Waaqa gula nam barsiise** argina?
    - Oduu tami keessati akka **Yeson marro qorqorti gulyaatota isaatifi isa barsiise** argina?
    - Oduu tami keessati akka **Yeson wold'aqiisa isaatif ta baratoota jabeesufi barsiise** argina?
    - Oduu tami keessati akka **Yeson jabeenna Hafuura QulqulLutui hirkate barsiise** argina?

**<u>Gaafi Ballinaani Huji irra Oolchuu Malani</u>:**

- Maan faati akka nu lubbu haara Kristo d'ugeefate akka worri Yeso keesa guddatu hinqarqaarre nu tolcha? Wonti nu kanisoota keenna keessati akka d'ibi tolchuu malle maan fa akka: 1) worra gara Kristoo d'iyeesinu, ammalle 2) akka worri gulyaatota ch'imtu ta Kristo jireenna worra ch'ufa keessati d'ugeefatu?

- Kara kamiini akka Kristoon kha mirga Waaqa taau amaantan sii kad'achuu jira beekhun akka atin isaati d'ugeesite ammalle jara gulyaatota tolchitu si qarqaara.

**<u>Gaafi huji irra oolchuu malan (akka nam tokooti yokhaan akka gurmuutti):</u>**
(Gaafi tokko yokhaan lama filadhu akka dansa adda iti dhaabadhu.)

- Atin yo kara Kristootin araara galte fi araarama argate, fula inni si d'aabu ch'ufaati isa d'ugeesu indandeeta? **Torbaan kana inni, akka atin eennuti Oduu Dansa odeesitu si yaamuuti jira?**
- **Nami atin durumaati deemte barsiisu malte yokhaan barsiisu jalqabuu malte eennu? (Maqaan himi).** Atin kara kamiin dandette miha akka Oduu Kitaaba ta d'aaban himan tana yokhaan barnoota d'ugeefatoota kana hujii irra oolchita akka gulyaatota Yesoo heddeesitu?
- Eennu nami atin dandeette akka guldeema Yeso guddattu si qarqaaru? Kad'ad'u akka Waaqi akka atin nama akkasi argatu si qarqaaru.